 *Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1), 87-107*

**DOI: [https://doi.org/10.20372/jdq.v4i1.2134](https://doi.org/10.20372/jdq.v4i1.2134)**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2026, 4(1): 87-107**
**Fuula Manaa: [https://journals.wgu.edu.et](https://journals.wgu.edu.et)**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Hariiroo Sirboota Qabsoofi Sabboonummaa Oromoo: Xiyyeeffannoon Sirboota Qabsoo Oromoo Filataman Keessatti

Amaanaa Abdallaa[1*], Xilahuun Taliilaa[2*], Filee Jaallataa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa hariiroo sirbootaafi qabsoo sabboonummaa Oromoo xiinxalluudha. Qorannoo kana gaggeessuuf qoraticha wanti kakaase hariiroo aartiin Oromoofi sabboonummaa Oromoo qabu ibsuufi. Qoratichi qorannoo kana gaggeessuuf akaakuu qorannoo akkamtaa gargaaramee jira. Saxaxni qorannoo, qorannoo kana gaggeessuuf hojirra oolee saxaxa qorannoo ibsaati. Qorannicha keessatti hojii artistoota Oromoo lamaatu mala idattoo kaayyefataa fayyadamuun filatamee xiinxalame. Tooftaan funaansa ragaa qorannoo kana keessatti hojirra oole xiinxala barruuti. Qorataan mala iddattoo kaayeffataatti gargaaramuun sirboota suursagaleen hajjatamanii yuutuubii irratti gadhiifaman lama xiinxala barruu fayyadamuun ragaa qorannoo funaannatee jira. Ragaalee funaanaman mala xinhiika hafeetti fayyadamuun xiinxalamanii jiru. Argannoon bu'uuraa qorannoo kanaa, gaaffiileen qabsoo Oromoo sirboota keessatti dhihaatan gaaffii abbaa biyyummaa, eenyummaa, walqixxummaa diinagdee, bilisummaa; Mootiin Minilik II Oromoota Ituufi Arsii irratti gocha suukaneessaa seenaan hin irraanfanne akka dalagee ture; Oromoonni Ituufi Arsii lolicha ofirraa qolachuuf tumsa loltummaa uumanii turan; Minilik II Oromoota Afran Qalloo irratti bakka Calanqoo jedhamutti duguuggaa sanyii irratti raawwatee jira; haaluma walfakkaatun mootichi Oromoota Arsii Aanolee irratti bifa suukaneessaan harkaafi harma muraa akka ture sirboonni kunniin nicalaqqisiisu. Argannoo kanarratti hundaa'uun, mootummaan madaa seenaa kana bifa waaraa ta'een fayyisuuf araara waaraa akka uumamu osoo godhee gaariidha. Mootummaan Itoophiyaa seenaa miidhaa uuummata Oromoofi saboota biroo irratti raawwatame qorannoo irratti hundaa'uun waliigaltee araaraa haqa qabeessaafi dhugaa irratti hundaa'e bifa gumaatiin raawwachuun araarri waaraan uummattoota giddutti akka uumamuu hojiin araara waaraa buusuu osoo hojjatamee yaadonni jedhan akka yabootti dhihaatanii jiru.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 11-11-2025
Revised: 17-02-2026
Accepted: 29-04-2026

***Jechoota Ijoo:*** *Aanolee, Calii Calanqoo, Murti Guuto, Sabboonummaa Oromoo, Sirba Qabsoo*

**Qorataa Muummee: Amaanaa Abdallaa*

*E-mail: hamiltonaman@gmail.com*

Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## 1. Seensa

Uummanni Oromoo impaayera Itoophiyaa keessatti akka hammatamu taasifamuun isaa, sirni dhaabbilee siyaasaa bulchiinsa Oromoo akka badan akkasumas uummanni Oromoo hacuuccaa afaaniifi aadaa jalatti akka kufu karaa saaqee jira. Oromoon bara Mootii Minilik II jijjiiramni siyaasa haala kanaan Itoophiyaa keessatti mul'ate aarii uummataa uumuun Oromoon waloon qabsaa'ee mirga walootiif qabsootti ka'ee jira. Yaada kana deeggaruun Mohammed Hassen (1990) seenaa jalqabbii sabboonummaa Oromoo yoo ibsu, seenaan jalqabbii sabbonummaa Oromoo yaalii Mootiin Minilik II uuummata Oromoo humnaan ofjala galchee bulchuuf yaale wajjiin hidhata guddaa akka qabuudha. Mootiin Minilik II dhuma jaarra 19ffaa keessa uummanni Oromoo daangaa impaayera Itoophiyaa keessatti hammatamee akka bulu dhiibbaa guddaa taasise. Kunimmoo dhalachuu sabboonummaa Oromootiif sababa ta'e. Adeemsi kun uummanni Oromoo hiree siyaasaa ofiin ofbulchuu duraan qabu akka dhabu taasise.

Haaluma walfakkaatun, Asafa Jalata (1993) sababa dhalachuu sabboonummaa Oromoo yoo ibsu, sabboonummaan Oromoo cunqursaa diinagdeefi siyaasaa akka sirnaatti ijaaramee uuummata irratti fe'amee ittisuuf eegalame. Haaluma kanaan uummanni Oromoo cunqursaa sirna gabroonfataatin irra gahaa ture gamtaan ofirraa ittisuuf qabsaa'uuf eegalame. Sabboonummaa Oromoo ammayyaa jaarraa 20ffaa keessa bara 1960mootaafi 1970moota keessa bocaafi qindoomina haaraa qabachuu eegale. Yaadamni kun akka dhufuuf wanti sababa ta'e qabsoo farra koloniifi dammaqiinsa horachuu dhufuu hayyoota Oromooti. Bara 1973 hundeeffamuun Adda Bilisummaa Oromoo qabsoo bilisummaa Oromoo qabsoo biyyooleessaa ta'ee dhaabbileedhaan hogganamuuf carraa bane.

Dabalataan yaada kana deeggaruun Admaasun Shukur (1995) akka ibsutti, qabsoon sabboonummaaa uummanni Oromoo gama siyaasaa, aadaa, waraanaafi beekumsaatiin baroota dheeraaf taasisaa ture gocha maqa-balleessii uuummata Oromoo irratti gaggeeffamaa ture hanga tokko hir'isee jira. Uummanni Oromoo maqa-balleessii irratti gaggeeffama ture erga moo'ate boodaa, qabsoo hiree murteeffannaafi ofiin ofbulchuu gaggeessuu eegale. Qabsoon uummanni Oromoon hiree ofii murteeffachuuf godhaa ture kan dhiiga baay'een dhangalaasus, ifaajeefi gaaga'ama guddaa qaqqabsiisus, qabsichi uuummata Oromoofi saba cunqurfamoo birootiif dhimma filannoo osoo hintaane dhimma jiraachuufi jiraachuu dhiisuutti akka hubatamu taasisee jira.

Kanaan walqabatee Asafa Jalata (2005) hariiroo sirbaafi sabboonummaa Oromoo yoo ibsu, ruqooleen aadaa sabboonummaa Oromoo ibsuufi dagaagsuu keessatti gahee guddaa qabu. Keessumattuu, Afaan Oromoo akka fakkoommii eenyummaafi diddaatti ilaalamaa ture. Afaan Oromoo hacuuccaan seenaa irra gahaa turus, boodarra beekkamtii guddaa argachuun gargaarsa dhaabbilee argachuu eegale. Haala kanaan Afaan Oromoo ruqoolee ibsituu eenyummaa Oromoo keessa isa guddaa ta'uu danda'ee jira.

Jeylan Woliyi (2004) dhimmi kana yeroo ibsu, uummanni Oromoo sirba bashannana qofaaf fayyadama osoo hintaane dhimmoota hawaasummaa irratti yaada kennuufi yaadibsa siyaasaa dhiheessuuf itti fayyadama jedha. Oromoon sirbootaatti fayyadamuun hacuuccaa, eenyummaa, hawwii isaa ibsata. Haala kanaan sirbi akka kuusaa aadaafi qabsoo siyaasaatti fayyaduu danda'a. Kunimmoo sirbi sabboonummaa Oromoo hubachuuf mataduree xiinxalli guddaa irratti gaggeeffamuu qabu akka ta'e agarsiisa.

Sellnow'fi Sellnow (2001) akka ibsanitti, sirba akka gooroo beekumtaa tokkotti itti fayyadamuun bara ogbarruu bara durii keessa eegalame. Seenaan itti fayyadama sirba seenaa guddina dhala namaa waliin hidhata guddaa qaba. Yaada kana deeggaruun Echeruo (1975) umriin sirbaafi umrii dhala namaa walqixa ta'uu yoo ibsu, ilmi namaa bara addunyaa kanarra jiraachuu jalqaberraa eegalee sirbatti fayyadamuu akka jalqabe dhiheessa. Akka yaada kanatti, umriin dhala namaafi umrii sirba walqixa.

Kana malees, Sisanda Nkoala (2020) dhiibbaa sirbi jireenya guyyuu keessatti qabu yoo arsistoonni sirbatti fayyadamuun hubannoo uummataaf kennu; sirbatti fayyadamuudhaan yaada uummataa luuccessuu akkasumas sirbatti fayyadamuun yaada uummataa jijjiiruuf dhimmi itti bahu. Haaluma walfakkaatun Sellnow'fi Sellnow (2001) sirbi imaammata mootummaa irratti dhiibbaa guddaa uumuu danda'u dhiheessa. Sirbi siyaasa biyya tokko qajeelchuu keessatti shoora guddaa qabu. Akka yaada hayyoota kanaatti, sirbi yaadama siyaasa mootummaa tokko itti fayyadamu irratti dhiibbaa guddaa fiduu danda'a.

Gama biraatiin, Admaasuu Shukur (1995) waa'ee sababa sabboonummaa Oromoo yommuu ibsu, aadaan siyaasaa sirni nafxanyaa baroota dheeraaf Oromoo hacuucuuf itti fayyadamaa ture dhalachuu qabsoo sabboonummaa Oromootiif sababa guddaa ture. Qabsoon Oromoon cunqursaa sirna nafxanyaa mormuuf taasise keessatti Oromoota heddutu wareegame. Haata'u malee, qabsoon uummanni wareegama lubbuu itti kaffale kun

sirni akka laafu taasisee jira. Qabsoon Oromoon diina waliin taasise Oromoon mirga eenyummaafi abbaa biyyummaa akka gonfatu gochuu keessatti shoora guddaa taphate. Akka yaada kanaatti, balaan qabsoon Oromoo gitabittaa sirna nafxanyaa irraa gahe sirnichi yoomillee qabsoo sabboonummaa Oromoo wajjiin walitti akka hin araaramne taasisee jira. Akeekni qabsoo bilisummaa Oromoo hiree siyaasaan ofiin ofbulchuufi bilisummaa aadaafi diinagdee gonfachuuf, hacuuccaa qorqalbiifi siyaasaa alagaa jalaa bahuuf ture.

Haaluma walfakkaatun, Leecoo Lataa (1998) fi Admaasuu shukur (1995) haala qabsoon Oromoo irratti gaggeeffamaa ture itti jalqabame yoo ibsan, gita-bittoonni nafxanyaa humnaan Oromoo cabsuuf yaalii ijibbaataa osoo hingodhin dura, hariiroo idil-addunyaatti fayyadamuun hojii maqa-balleessitiin Oromoo cabsuuf yaalaa turan jedhu. Haata'u malee, cubbuun gita-bittoonni sirna nafxanyaa jaarraa oliif Oromoorratti hojjatan tooftaa hacuuccaa jalqabaa miti. Jalqabarratti gita-bittoonni sirna nafxanyaa barreessitoota biyya ormaatti fayyadamuun uuummata Oromoo maqaa balleessaa turan.

Faallaa kanaan hayyuun biyya ormaa Doresse (1959) yaada qabsoo gitabittoonni Oromoo maqaa balleessaa turan jedhu mormuun akkas jedha. Barreessitoonni biyya ormaa kanneen akka Manuel de Almeida fi Hion Ludolf raagamtaa Abbaan Baahree jaarraa 16ffaa keessa barreesse wabeeffachuun uuummata Oromoo uuummata duubatti hafaa, wallaalaafi garjabeessa ta'etti dhihaasaa turan. Barreessitoonni biyya ambaa kun uuummata Oromoo fakkoommii uuummata cubbamaa godhanii dhiheessaa turan. Yaadonni barreessitoota kanneenii dhihaataa ture yaada dhuunfaa isaaanii osoo hintaane, bu'aa hojii olola qindaa'aa gita-bittoota nafxanyaati. Habashoonnis Oromoo uuummata cubbamaa waaqni habashoota xiqqeessuufi dadhabsiisuf uumetti ilaalu. Barreessitonni biyya ambaa ergama sirna nafxanyaa fudhachuun uuummata Oromoo maqaa xureessaa turan.

Yaada kanaa kana deeggaruu Asafa Jalata (1997) waa'ee qabsoo sabboonummaa Oromoo yoo ibsu, qabsoon uuummanni Oromoo eenyummaa Oromummaa irratti hundaa'un yaada ofii bilisaan ibsachuuf taasise, mootota Abisiniyaa biratti akka cubbuu siyaasaatti ilaalamaa ture. Mootonni Abisiniyaa namoota Oromummaa isaaniitti boonanii yaada isaanii ibsatan akka balaa sirna siyaasa isaaniitti ilaalu. Uummanni Oromoo rakkoo haala kanaan irra gahaa ture sirbatti fayyadamuun ibsatuu eegalan. Waldaa Maccaafi Tuulamaa Oromoo giddutti hariiroo cimaa uume. Waldaa Maccaafi Tuulamaa Gaaddisa walga'a Oromoota hundaati. Hundeeffamni Waldaa

Maccaafi Tuulamaafi jaarmiyaalee Oromoo akka Adda Bilisummaa Oromoo, Hawwisoo Afran Qalloofi Hawwisoo Biiftuu Ganamaa qabsoon uuummata Oromoo ogafaaniin deeggaramee akka itti fufu taasisuu keessatti shoora guddaa taphatanii jiru.

Kana malees, Muhaammad Sa'id (2017) gumaacha sirbi qabsoo Oromoo keessatti godhe yoo ibsu, uummanni Oromoo durirraa kaasee mirga abbaa biyyummaa gonfachuuf qabsoo hadhaawaa akka gaggeessaa ture. Qabsoo kana keessatti miliyononni itti wareegame; kumaatamni qabeenya itti dhabe; kumaatamni itti hidhame; kumaatamni hamilee tuqame; kumaatamni biyyarraa ari'aman. Hayyoonni Oromoo afaan, aadaa, ogbarruufi weelluu guddisuufi dagaagsuuf qabsoo hadhaawaa taasisaa turan.

Itti dabalees, Huseen Indheessaa (2008) waa'ee qabsoo Oromoo yoo ibsu, uummanni Oromoo baroota dheeraaf gitabittaa sirna nafxanyaa mormuun qabsoo hadhaawaa gaggeessaa ture. Saamicha diinagdeefi cunqursaa mirga dhala namaa irratti mootummaan raawwatamu uummanni fincilli uummataa akka dhooyuuf karaa saaqa. Hacuuccaan baroota dheeraaf namoota dhuunfaafi sirna mootummaatiin bifa qindaa'en uuummatarratti gaggeeffamaa ture Oromoo fincilaatti akka seenuu taasise.

Middleton (1990) faayidaa sirboonnii qabsoo qaban yeroo ibsu, 'sirboonni qabsoo adda addummaa jireenyaa hawaasa giddutti mul'atu dhiphisuu keessatti gahee guddaa qaban' jedha. Sirboonni qabsoo 1960moota keessa hojjataman baay'een rakkoo garaagarummaa hawaasaafi gaaga'ama waraanni dhaqqabsiisu hubachiisuu irratti shoora guddaa taphatanii jiru. Yaadota dhihaatan kanarraa wanti hubatamu, sirba addaddummaa garee hawaasaa sadan giddutti mul'atu sirreessuu keessatti shoora guddaa qaba. Biyya tokko keessa gareewwan hawaasaa sadarkaa gadaanaa, sadarkaa giddugaleessaafi sadarkaa olaanaatti qoqqoodamamanii jiraachuu danda'a.

Bifuma walfakkaatun Denisoff (1969) barbaachisummaa sirbatti fayyadamuu yeroo ibsu, sirbi uummataa injifannoo siyaasaa gonfachuu wajjiin walqabata. Sirba falaasama siyaasaa biyya tokko ijaaruufi jaarmaalee siyaasaa gahumsa qaban uumuu keessatti gahee guddaa qaba. Sirba jireenya Afrikaanota keessatti shoora guddaa qaba. Uummanni Afrikaa sirbatti fayyadamuun sochii siyaasaa, hawaas-diinagdee, sirna waaqeffannaafi jireenya guyyuu itti gaggeeffata. Sirba jireenya dhala namaa keessatti faayidaa heddu qabaachuu isaati.

Kana malees, Rosenthal'fi Flacks (2012) waa'ee faayidaa sirbaa yoo ibsu, sirbi

falaasama siyaasaa biyyi ittin bultu qopheessuu qofaaf osoo hintaane, aadaa daboon waliin hojjachuufi eenyummaa garee ijaaruu keessatti shoora guddaa qaba. Sirboonni qabsoo tokkummaa uummataa dagaagsuu keessatti gahee guddaa qabu. Uummanni sirboota qabsootti fayyadamee falaasama siyaasaa mootummaa irratti yaada kenna; akkasumas falaasamni bulchiinsaafi siyaasaa akka fooyya'uuf dhiibbaa irratti uumuuf itti fayyadama.

Itti dabalees, Biko (1978) yaadrimee maalummaa sirba uummataa yoo ibsu, sirbi uuummata meeshaa uummanni aadaa waamormuuf, aadaa gaaffii abbummaa gaafachuuf, aadaa akka uummataatti of ijaaree waldeeggaruuf gabbifatee itti fayyadamuudha. Aadaan akkanaa muxannoo hacuucamuu uuummatarraa waan madda waan ta'eef, sirba uummanni miira ofitti amanamummaa deebisee akka gonfatuuf gochuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Sirba akkanaa aadaa keenyarratti cichinneefi abdii horanne gara fuulduratti akka tarkaanfannuuf fayyada. Sirba qabsoo rakkoo kallattii adda addaan dhufan ofirraa deebisuufi uummanni murtii salphisee akka hinilaalle agarsiisuuf fayyadamna. Qorannoo kana keessatti gahee sirboota qabsoo olaantummaafi hacuuccaa alagaa hambisuu keessatti qaban xiinxallamee jira. Qorannoo kana keessatti muxannoo wallistootaa ilaalun qabsoo Oromoo sirbatti fayyadamuun gaggeessuuf dhimmoota akkamii irratti akka xiyyeeffatame xiinxallamee jira.

Akka Mudzanire (2016) ibsutti, addunyaa keenyarrattti hojiin qorannoo faayidaa sirboonni aadaafi seenaa uummataa galmeessanii olkaa'uu irratti hojjataman baay'ee xiqqoodha. Hojiin wallee artistoonni aadaafi siyaasa uummataa agarsiisuf hojjataniif beekamtii kennamuuf akkasuma xiqqaadha. Artistoonni uuummata hacuuccaa alagaa jalatti kufeef sagalee ta'uuf akkasumas uummata sagaleen isaa ukkaamfameef sagalee ta'uuf, rakkoofi ta'insota naannoo isaanitti uumaman uummataaf dhiheessuuf walleetti fayyadamu. Sirbi si'eessituu jijjiirama hawaasaafi daawwitii jijjiiramni hawaasaa keessatti ilaalamu. Biyya sirni cunqursaa aadaa ta'e keessatti, biyya sirni dimookiraasii hinjirreefi biyya sabaahimaaleen rakkoolee uummataa gabaasuu lagatanitti wallee qabsoo akka madda odeeffannootti ilaalamu.

Kana malees, akka Berley (1998) ibsutti, mootonni abbootii irree artistoota sirba qabsootti fayyadamuun gaaga'ama siyaasaa uuummata isaanii irra gahu saaxilan hidhuun, ajjeesuufi, dhabamsiisuun sagalee uummataa ukkaamsu. Artistoonni sirboota qabsootti fayyadamuun qabsoo Oromoo keessatti waan qooda fudhatan qofaaf wareegama guddaa

kaffalu. Qaamonni biyya hogganan sirbi qabsoo yeroo dalagamu osoo uuummata bira hinqaqqabin akka gulaalamu barbaadu. sirbi qabsoo yaada uummataa funaanuu, qajeechuufi geeddaruu keessatti gahee guddaa qaba. Sirbi qabsoo siyaasaafi imaammata mootummaan ittiin biyya gaggeessuuf baasuu irratti uuummata kakaasa jedhamee yaadama.

Itti dabaluunis, Askew (2003) fi Thompson (1990) akka ibsaniiti, sirbiifi siyaasni hariiroo guddaa qabu. Sirbi qabsoo fincilaa uummataafi mormii uummataa humneessuu keessatti gahee guddaa qaba. Mootummaa biratti hojiin aartii bifa sirbaatiin dhihaatu akka balaa aangoo siyaasaatti ilaalama. Galmi guddaan sirbaa rakkoolee hawaasummaa seecca'ee dhiheessuu qofa osoo hintaane, yaada furmaataa rakkoolees dhiheessuu qabu. artistoonni sirbatti fayyadamuun rakkoofi furmaata rakkoo sanaa bifa eeruutin dhiheessu. Mootummaan gaaga'ama gama kanaan dhufuu malu hambisuuf uummanni sirboota qabsoo akka hindhageeffanne ugguree jira. Artistoonni sirbatti fayyadamuun imaammata mootummaan biyya ittiin bulchuu irratti qeeqa dhiheessu. Sirboonni qabsoo uuummata jaarraa tokkoo oliif gabrummaa jala ture gabrummaa sana keessaa akka bahan dhiibbaa uumuu keessatti shoora guddaa taphachuu waan danda'aniif walleewwan qabsoo kanneen xiinxalluun gaaffilee qabsoo Oromoo keessatti dhihaata turan haala saayinsawaa ta'een qorachuun deebii akka argataniif qorannoo kana gaggeessee jira.

Qorannoo kana gaggeessuf wanti qoraticha kakaase gaaffilee sirboota qabsoo keessatti artistoonni dhiheessan xiyyeeffannoo akka argatan taasisuufi. Qorannoo kana gaggeessuf wanti qoraticha kakaase inni biraa aartiin Oromoo qabsoo Oromoo utubuu keessatti shoora olaanaa qabaachaa turuusaati. Shoora Olaanaa aartiin Oromoo qabsoo Oromoo keessatti qabaataa ture kana immoo bifa qorannoon baasee mul'isuuf. Artistoonni aantummaa uummataaf qaban agarsiisuufi mormii mootummaa irratti qaban ibsachuuf sirboota qabsootti fayyadamu. Artistoonni Oromoo gosa qabsoo yeroo waliin deemuu danda'u haala qabatamaa siyaasa biyyattii irratti hundaa'un dhiheessu.

Walumaagalatti, Artistoonni sirba qabsootti fayyadamuun gaaffilee qabsoo Oromoo keessatti ka'aa turan dhiheessuun beekamu. Artistoonni sirba qabsootti fayyadamuun odeeffannoo waytawaa uummata isaanitiif dhiheessu. Artistoonni ciminaafi dadhabina falaasama siyaasaa mootummaa eeruufi akeekuu keessatti gahee guddaa qaba. Mootummaa artistoota sirbatti fayyadamuun sochii qabsoo uummataa qajeelchaniifi deeggaran irratti hordoffii guddaa taasisa.

Humnoonni faallaa qabsoo Oromoo gaaffilee qabsoo Oromoo kana busheessuun dhiheessu. Kun ammoo sirboota qabsoo artist Diriirsaa Elemoofi artist Qamar Yuusuf suursagaleen hojjatan xiinxalluuf fedhii akka horatu qoraticha irratti dhiibbaa uumee jira.

Qorannoon kun sirboota qabsoo Oromoo artistoonni lama dalagan irratti daangeffamee gaggeeffame. Qorannoon kun sirboota qabsoo Oromoo suursagaleen hojjatamanii qabsoo Oromoo utubuuf akkasumas hariiroo uummanni Oromoofi Mootii Minilik II qabaachaa turan agarsiisuuf hojjatamanirratti daangeeffamee hojjatame. Qorannoo kana keessatti sirboota qabsoo artistoota, Oromoo Diriirsaa Elemoofi Qamar Yuusuf, qabsoo Oromoo tumsuuf hojjatanitu xiinxallamee jira.

**2. Kaayyolee Qorannichaa**

1. Hariiroo sirbootaa qabsoofi sabboonummaa Oromoo gidduu jiru ibsuu,
2. Akkaataa taatewwan seenaan Calii Calanqoofi Aanolee sirboota qabsoo keessatti itti seeneffamaman ibsuufi
3. Shoora sirboonni qabsoo gaaffilee qabsoo Oromoo dhiheessuu keessatti qaban ibsuudha.

**3. Malleen Qorannichaa**

Qorannoon kun hariiroo sirboota qabsoofi sabboonummaa Oromoo irratti gaggeeffame. Gosti qorannoo qorataan qorannoo kana gaggeessuuf itti fayyadame gosa qorannoo akkamtaati. Saxaxni qorannoo, qorannoo kana gaggeessuuf hojirra oolee saxaxa qorannoo ibsaati. Qorataan xiinxala ragaalee qorannichaa keessatti ragaalee yuutuubii irratti artistoonni lamaan facaasaniifi sirboota qabsoo Oromootiin walqabatan fayyadamee jira. Ragaaleen yuutuubii irraa argaman mataduree qorannichaa waliin walqabachuun danda’uun xiinxallamanii dhihaatanii jiru.

Qorataan qorannoo kana yeroo gaggeessaa turetti madda ragaalee tokkooffaafi madda ragaalee lammaffaatti fayyadamee jira. Maddi ragaalee qoratichi qorannoo kana keessatti itti fayyadamuu ragaalee suursagalee artistoonni lama yuutuubii irratti maxxansan yoo ta’uu, maddii ragaalee lammaffaa qorataan dhimmi itti bahe ammoo kitaaba mataduree qorannoo kanaan walqabatan sakatta’uun argameedha. Qorannoo kana keessatti xiinxala hariiroo sirboota qabsoofi sabboonummaa Oromoo gidduu jiru sakatta’uuf qoratichi mala iddattoo kaayyeffataatti gargaaramee jira.

Qoratichi qorannoo kan gaggeesse mala iddattoo kaayyeffataatti gargaaramuun sirboota qabsoo artistoota lamaa filateeti. Malli idattoo

qoratichi sirboota qabsoo kanneen filachuuf itti fayyadamee mala iddattoo kaayyeffataadha. Qoratichi ragaalee qorannichaaf barbbaachisan kan funaannate xiinxala barruu fayyadameeti. Qorataan ragaalee dabalataa qorannichaaf barbaachisan kitaabotaafi barreeffamoota adda addaa dubbisuun funaannatee jira.

Dhumarrattis, qoratichi ragaalee qorannichaa kanneen xiinxalluuf mala xiinxala ragaalee akkamtaatti fayyadamee jira. Qoratichi mala xiinxala ragaa akkamtaa keessaa mala xiinxala ragaa xinhiika hafeetti (textual analysis) fayyadamee jira. Xiinxala xinhiika hafee gaggeessuuf ga'umsa ogbarrummaa, ga'umsa kalaqaa hafee sirbootaa gadi fageenyaan hubachuu feesisa. Xiinxala xinhiika hafee sirboota qabsoo Oromoo taasisuuf haalessa seenaa, siyaasaa, hawaasummaa, diinagdeefi aadaa sirboota qabsoo keessatti dhihaatanirratti hubannoo qabaachuu barbaada. Barbaachisaa ta'ee yoo argame haalessa beekumsaa hafee sanaa fayyadamuunis gaariidha.

## 4. Dhiheessa, Ibsaafi Xiinxala Ragaalee

### 4.1 Hariiroo Sirboota Oromoofi Minilik II

Kutaa xiinxala ragaalee kana keessatti sirboota artist Qamar Yuusuufi Diriirsaa Elemoo qabsoo Oromoo deeggaruuf sirbanitu xiinxalamee dhihaate. Artistoonni Oromo lameen kun qabsoo uummanni Oromoo gaggeessaa jiru daran jabaatee akka itti fufu gochuuf sirboota madaa seenaa kaleessaa, sirni nafxanyaa Oromoo irratti Calanqoofi Aanolee irratti raawwate yaadachiisan dhiheessaa turan. Qorannoo kana keessatti sirboota madaa seenaa kaleessa raawwataman agarsiisan ibsanitu xiinxalame. Artistiin habeshaa Teedii Afroo jedhamu Minilik II faarsuudhaan sirba hojjateu ture. Artist Qamar Yuusuf ammoo sirba Teedii Afroo sirbe sanarratti qeeqa dhiiheessuuf haala itti aanu kanaan deebii Teedii Afrootiif kennuuf sirba hojjate:

(1) Ilma namaa jechuun maali hiikkaa isaa

(2) Yoo naasuu hinqabanne xiqqoo onnee keessaa

(3) Eessaan narraa rafaa? eessaan narraa ciisaa

(4) Har'allee ilmi isaa nurratti dhiichisaa

(5) Addunyaa haa beeytuu seenaa haa dubbattu

(6) Hitlariin Afrikaa, Minilikii, Minilik bineensaa

Artist Qamar Yuusuuf sirba dhihaate bo'oo (1) keessatti hiikni ilma namaatiif kennamuu qabu maal ta'uu akka qabu gaafata. Akka sirbicha keessatti ibsamuuf yaalametti ilma namaa jechuun nama namaaf naasuu qabu; nama onneen isaa waan gaarii yaaddu akkasumas nama dhala namaa hundaaf kabaja walqixaa qabuudha. Haata'u malee, akka artist Qamar Yuusuf dhiheessutti, Minilik II nama amala namummaa namoonni qabaachuu qaban

tokkoyyuu hinqabeedha; Minilik II gara-jabeessa; nama ilaalcha ofittummaatiin guutameedha; nama ilaalcha abbaa irrummaa tarkaanfachiisu. Teedii Afroo sirba mataduree isaa 'Tikur Sew' jedhu keessatti Mootii Minilik II faarsuuf gaafa sirbu badii bara sirna mootichaa uummattoota Itoophiyaa irratti dalagame ilaalcha keessa galchuu qaba ture. Kanaaf, hojii mootummaa tokkoo yeroo madaalamu guddina mootummaa qofaan osoo hintaane, haala mootummaa sana keessatti mirgi namoomaa uummattoota garaagaraa itti kabajameen ilaalamuu akka qabu hubachiisa.

Artist Qamar Yuusuf akka sirba isaa keessatti dhiheessuuf yaaletti Mootiin Minilik II bara bulchiinsa saboota Itoophiyaa heddu irratti, keessattuu Oromoo irratti badii guddaa hojjate. Artist Qamar Mootiin Minilik II uummattoota Itoophiyaatiif, keessattuu Oromoof naasuu takka akka hinqabne bo'oo (2) keessatti kaasuuf yaalee jira. Yaada kanarraa wanti hubatamu, yaaliin Teedii Afroo Minilik II faarsuuf taasise madaa sabaafi sablammootaa tuttuquun seenaa badaaa kaleessa mootichi dalage ifatti baasuudha. Qabiyyee bo'oon sirbichaa (3) fi (4) keessatti dhihaate irraa wanti hubatamu, daba kaleessa mootichi Oromoo irratti hojjate caalaa, inni mooticha faarsu kun sirbu diina uummata Oromoo ta'uu agarsiisa.

Bo'oo (5) sirbichaa keessatti Qamar Yuusuf Mootiin Minilik II Hitlarii Afrikaa akka ta'e seenaan galmeessuu akka qabuufi addunyaanis beekuu akka qaba jabeessee hubachiisuuf yaala. Bo'oo sirbichaa (6) keessatti mootiin Minilik II amala bineensummaa akka qabuufi amala ilma namaa akka hinqabne badiin inni Oromoo irratti hojjate duguuggaa sanyii abbaan irree Jarmanii, Hitlar, Juwishoota irratti dalageen waan walfakkaatuuf Hitlarii Afrikaa akka jedhamuu qabu lafa kaaya. Walumaagalatti, sirba qabsoo dhihaate kanarraa wanti hubatamu, bara sirna Mootii Minilik II uummanni Oromoo impaayera Itoophiyaa jalatti akka buluu taasisuuf duguuggaa sanyii irratti godhamuu isaati.

### 4.2 Haala Harkaafi Harma Muraa Aanolee Sirboota Keessatti Itti Dhihaate

Artist Qamar Yuusuf sirba isaa keessatti madaa seenaa Mootiin Minilik II Oromoota Arsiifi Ituu irratti Aanoleefi Calanqorratti dalagame yaadachisuuf yaalee jira. Sirba qabsoo kana keessatti artistiin kun Mootiin Minilik II Oromoo Arsiifi Ituu humnaan bulchiinsa isaa jala galfachuuf gocha sukanneessaa akka irratti hojjate galmee seenaatiin walqabsiisee yaadachiisuuf yaale. Haala Kanaan Artist Qamar daba seenaa mootichi Oromoota Arsiifi Ituu irratti hojjate haala itti aanuun sirba isaa keessatti dhiheesse.

(6) Gochaa suukaneessaa dhaadachuun hinmallee

(7) Minilik nama miti faaruudhaan hintollee

(8) Hindagannee hinirraaffannee

(9) Seenaa, seenaa guyyaa kalee

(10) Harka muraa Aanolee lafee Calanqoo tuulee

(11) Addunyaa haa beeytuu Seenaa haa dubbattu

(12) Hitlariin Afrikaa Minilikii, Minilik bineensaa

Sirban kana keessatti wareegamaa, gaaga'amaafi balaa lola Aanoleefi Calii Calanqootiin Oromoota Arsiifi Ituu irra qaqqabsiisetu dhihaate Deeggartoonni mootii Minilik II gocha duguuggaa sanyii mootichi Oromoofi sabaafi sablammoota kanneen biroo irratti gaggeesse 'sheekkoodha; oduu sobaati' jedhanii dhiheessu. Haata'u malee, ragaalee bifa sirbaatiin dhihaatan kanneen irraa wanti hubatamu duguuggaan sanyii mootichi Oromoo irratti gaggeesse dhugaa ta'uusaati. Artist Qamar Yuusuf bo'oo (6) sirbaa isaa kana keessatti Mootiin Minilik II gocha suukaneessaa Oromoo irratti dalaguu isaatiif faaruun akka hinmalle ibsa.

Yaada bo'oo kana keessatti dhihaaterraa wanti hubatamu, warri Minilik II faarsan badii kaleessa hojjatan irraa akka waan hinbaranneefi gochi akkanaa ammas hojjatamuu akka danda'uudha. Kunimmoo aadaa waliin jireenya uummataa balaa irra buusuu danda'a. Badii kaleessa hojjatamerraa baratanii hariiroo uummattoota waliin qaban sirreessuun osoo gaarii ta'ee jiruu, gochii badii kaleessa Aanoleefi Calanqo keessatti hojjatame abaaruu dhiisuun dhaloonni ammaa badii Aanoleefi Calanqoo biroo akka hojjatu karaa banuudha.

Artist Qamar Yuusuf bo'oo (10) sirba isaa kana keessatti Mootiin Minilik II lola Aanolee irratti gaggeeffame keessatti Oromoo Arsii araara jechuun waamee, dhiirota irraa harka mirgaa akkasumas dubartoota irraa harma mirgaa akka muree galmeessa seenaa irratti hun daa'uun dhiheessa. Gochi harka muraafi harma muraa Aanolee kun gocha badii mootichi Oromoota Arsii jiilchuuf waan dalagameedha. Dhumarrattis, Qamar Yuusuf duguuggaa sanyii mootichi Oromoota Ituu irratti dalage yoo ibsu bo'oo (11) keessatti lafee Calanqo tuulee jedhee dubbata. Lola Calanqoo irratti Oromoo Ituu lakkoofsaan baayyee ta'an meeshaa waraanaa ammayyaatti fayyadamuun akka raawwate seenaan niyaadachisa.

Walumaagalatti, har'arra taa'anii Minilik II faarsuun madaa Oromoota Arsiifi Ituu irratti sooggida firfisuudha. Yakki suukaneessaan Minilik II'n Oromoota irratti raawwate waan faarsisuu osoo hintaanee, waan dhiifama ittiin gaafachuun maluudha. Namni jaarraa 21ffaa

keessa taa'ee Minilik II faarsu yakka inni kaleessa uuummata bal'aa irratti raawwate akka jajjabeessutti ilaalama. Yaada kana deeggaruun Abbaas Haaji Ganamoo (2014) akka jedhutti, Minilik II'n daangaa bulchiinsa isaa babbal'ifachuuf yeroo ture keessatti Oromoota Arsii heddu fixee jira. Minilik II olaantummaa waraana gonfachuu kan danda'e deeggarsa meeshaa waraanaa biyya alaatti argametti fayyadamuudhaan ture. Haata'u malee, uummanni Arsii yeroo sana irra caalaa meeshaa waraanaa aadaa irratti hirkatee mootummaa weerartuu kana dura dhaabbachaa ture.

Minilik II qabeenya naannolee bulchiinsa isaa jala galfate irraa argametti fayyadamuun meeshaa waraanaa dabalataa bitachuufi humna mootummaa isaa cimsuu akka danda'e ibsa. Yaada kana deeggaruun Mohammed Hassen (2007) akka ibsutti, Oromiyaan mootummaa Menelik II jala galfamuu keessatti jeequmsa waraanaa bal'aa, saamicha lafaafi diigamuu dhaabbilee hawaasummaafi siyaasaa Oromoo waliin walqabatee ture. Mohammed akka jedhuutti, adeemsi kun bu'uura jireenya hawaasummaa, dinagdee, siyaasaafi aadaa Oromoo irratti jijjiirama guddaa fidee, dhiibbaa isaa yeroo dheeraa keessatti itti fufsiiseera.

### 4.3 Murruqqii Calii Calanqoofi Sirboota Qabsoo Oromoo

Sirboota qabsoo Oromoo keessatti artistoonni baay'ee waa'ee murruqqii (duguuggaa sanyii) mootiin Minilik II Oromoota Ituu irratti raawwatame sdhiheessuuf yaalanii jiru. Artist Diriirsaa Elemoo sirba qabsoo isaa kana keessatti dhimmoota akka loleewwan mootii Minilik II, gootota Oromoo Ituu lola Minilik II ofirraa qolachuuf osoo lolan wareegaman akkasumas gantootaafi basaastota Mootii Minilik II waliin ta'uun uummata Oromoo Ituu lolaa turan kaasuuf yaalee jira. Artist Diriirsaa Elemoo waraanni Mootiin Minilik II Arsii Aanoleefi Ituu irratti taasise akka walfakkaatuufi badii guddaa akka dhaqqabsiise haala itti aanuun dhiheessa.

(13) Calanqoo Caliidhaa yoom irraanfatamee

(14) Irree Murti Guutoo Aanolee nu yaamee

(15) Seenaa harma muraa kan gaafa Aanolee

(16) Mukaa citaan ragaa harka abaaboo ciree

(17) Hammeenya hojjatte Miniliki nurratti

(18) Akkam irraanfannaa duguuggaa shanyiitii

Sirbi qabsoo Diriirsaa Elemoo galmee seenaa irratti hundaa'un dhiheessu kuni yakka duguuggaa sanyii Oromoota Arsiifi Ituu irratti dhuma jaarraa 19ffaa irrati dalagame kan

yaadachiisuudha. Akka bo'oo (13) sirbichaa keessatti dhihaatetti Oromoon Ituu murruqqii sanyii Mootichi Minilik II irratti dalage tasuma irraanfachuu akka hindandeenyeedha. Bo'oo sirbaa (13) keessatti yaadibsi Calanqo Caliidha jettu ajjeechaa jumlaa Oromoo Ituu irratti raawwatame ibsuuf dhimmi itti bahame. Artist Diriirsaa Elemoo bo'oo sirbaa (14) keessatti Oromoon Arsiifi Ituu waliif gaachana ta'uu isaanii ibsuun duguuggaan sanyii akka irratti raawwatame yaadachiisa.

Bo'oo (18) keessatti mootichi Minilik II Oromoota Ituufi Arsii irratti Calanqoofi Aanolee keessatti duguuggaa sanyii raawwachuu ibsuun, kanaaf ammoo ragaan qabatamaan akka jiru ibsa. Dhumarrattis, bo'oo (15) fi (16) sirbichaa keessatti gochi harka muraafi harma muraa Aanolee raawwachuu isaatiif mukaafi citaa ragaa ta'uu akka danda'uufi wanti deeggartoonni sirna Mootii Minilik II seenaan Aanoleefi Calii Calanqoo sheekkoodha jedhanii dhiheessan dhugummaa akka hinqabne hubachiisa.

Bo'oon (14) sirba kanaa waa'ee murti Guuto dhiheessiti. Murti Guuto loleewwan Afran Qalloo Bakar Waareetiin hogganamuun Minilik II lolaa turaniidha. Qondaalli Murti Guutoo, Bakar Waaree, Gumii Bultuma Raabaa Doorii Baarentumaa Addeellee mandheeffatee mooraa Fugug bulchitu keessatti qondaala guddaa Gadaa Birmajii ture. Garee waraanaa qomoo bahaa bakka saditti qoodamee leenjii jalqabe. Isaaniis: Garee Murti Guutuu, Garee Raaree, Garee Qeerrooti. Gareen Murti Guutoo garee jalqabaati. Waraanni Murti Guutoo waraana gaafa morkaa, kan hamma waan manaa baheef argatutti hingalleedha. Murti Guutoo mataa waraana qomoo Oromiyaa bahaati.

Leenjii ulfaataa mooraa leenjii aanaa Guraawwaa Araddaa Yaayyaa bakka addaa Gaambeel jedhamuufi fiinxee Gaara Mul'ataa bakka Dabbaal Mootii Gaaraa jedhamutti leenji'anii waraanaaf ofqopheessuu isaanii seenaatu ragaa baha. Leenjii isaanii leenjii Fardaan loluuti. Osoo Fardi gulufu Farda garaa jala deebi'anii hiddii lafaa fuudhuu leenji'an. Gaambeeliifi Dabbaal Mootii Gaaraatti leenjiin cimaan kennamee xumurame. Hogganaan waraana Murti Guutoo Bakara Waaree, Abbaa Gadaa Wadaay Galmoo Kormoosoofi Amiir Abdullaahiitin filame. Gareen lammataa garee raaree jedhamti. Raareen aanaa Guraawwaa bakka Raaree jedhamtutti leenjii farda loluu fudhatte. Gareen sadeessoo immoo Qeerroodha. Gareen Qeerroo qe'ee waraana Murti Guutoofi Raaree warra eeguuf warra leenji'aniidha.

**4.4 Sirboota Qabsoofi Tumsa Loltummaa OromootaArsiifi Ituu**

Tumsi loltummaa Oromoo Arsiifi Ituu keessatti mul'ate keessaa tokko mootummaa alagaa irraa of ittisuufi bilisummaa isaanii eeguuf mootummaa tokko jalatti wal gurmaa'uun isaanii ture. Yeroo mootummaa Menelik II babbal'ina mootummaa isaa gara kibbaafi baha Itoophiyaa irratti geggeessaa turetti, Oromoonni Arsii fi Ituu humna isaanii walitti qabuun mootummaa, lafaafi eenyummaa isaanii tikfachuuf walgargaaranii lolaa turan. Sirboota qabsootti keessatti artistoonni namoota hojii boonsaa gootummaan hojjatan faarsuun namoota hojii gantummaa hojjatan abaarun akka uummanni bal'aan irraa baratu taasisu. Artist Diriirsaa Elemoo sirba isaa keessatti haala itti aanu loleewwan qabsoo Oromoo Ituu keessatti gootummaan hojii boonsaa dalagan dhiheessa:

(19) Way-yaa Afran Qalloo wajjuu gallaan se'ee

(20) Fardii Bakar Waaree kan cancala nyaatee

(21) Bakar lola malee yoom ofuu yaadatee

(22) Miilli isaa tokkoo gaafas achi buutee

(23) Leenci Wadaay Galmoo waan raajii hojjattee

(24) Ijjannoo qaburraa dhugaan hadheeffatee

(25) Bagaa dhumne jechaa lubbuun isaa baatee

(26) Gootowwaan sabaatii seenaatu galmeessee

(27) Shirri hindanda'uu dhugaa isaanii dhoksee

(28) Qondaallii Murawwaa jiran Lammii ITUU

(29) Daandii san weeraree loltuun gitta bittuu

(30) Walda Gabri'eel baanan kan mataa bututtuu

(31) Muceen gurra muree seenaan haa yaadatu

(32) Yaayyaa Alii Siree Abbaan cibraa eeguu

(33) Loleeti lolchiise ganna saddeet guutuu

(34) Humnaan nu cabsanii malee dadaa mitii

(35) Gargaarsa argatan qawwee warra adii

Sirbi kun qabsoo Oromoonni Ituu Mootii Minilik II wajjiin taasisan yaadachiisuuf dhihaate. Artist Diriirsaa Elemoo sirba kana kalaquuf hafeewwan seenaa gootota Oromoo ibsanitti fayyadame. Sirba kana keessatti injifannoo boonsaa Oromoonni Ituu sirna gita bittaa nafxanyaa irratti gonfatan dhihaatee jira. Sirba kana keessatti bo'oon (19) 'Way-yaa Afran Qalloo wajjuu gallaan se'ee' jedhu, tattaaffii Oromoon Ituu Afran Qalloo (Ala, Oborraa, Nooleefi Baabbilee) gamtaan diina lolurratti agarsiisan kan jajjabeessuudha.

Lolli Calii Calanqoo bara kana Minilik II waliin gaggeeffame Qondaala waraanaa Bakar Waaree jedhamuun hoggana ture. Bo'oowwan

sirbichaa (18), (19) fi (20) keessatti waan dhihaaterraa wanti hubatamu, Bakar Waaree ajajaa waraanaa qofa osoo hintaane lolee cimaa fakkeenyummaa guddaa qabu ta'uusaati. Akka seenaan jedhutti, Bakar Waaree lola kanarratti gootummaa guddaan loltuu sirna nafxanyaa baay'ee akka ajjeessefi fardi Bakar Waaree baaruda qawwee keessaa bahuu machii guddaa keessa akka seeneedha. Kana malees, mammaaksi 'achi buutee miila Bakar Waaree' taatee waraanaa gaafa sanaatiin walqabatee miilli tokko loltoota Mootii Minilik II irraa muramu irraa kan ka'e mammaakamuu akka eegaleedha. Gootichi Bakar Waaree miilli tokko achi irraa muramus nuffii tokko malee diina lolaa oolee yeroo gara manaa gale.

Sirba kana keessatti seenaa gootota Oromoo Afran Qallootu bifa seeneffamaatiin dhihaate. Lola Calii Calanqoo Mootii Minilik II bara 1887 wajjiin gaggeefame keessatti gootonni akka Bakar Waaree, Wadaay Galmoofi Mucee Amad Mucee aarsaa isaan kaffalaniif seenaan niyaadata. Mootichi Minilik II Oromoota Ituu wajjiin lola Calii Calanqoo sababni gaggeessee Oromoota kanneen gabbarsiisee ofjalatti humnaan bulchuuf ture. Bo'oo sirbichaa (30) keessatti artist Diriirsaa Elemoo ajajaa waraanaa loltoota Minilik II, Walda Gabri'eel jadhamu, "Walda Gabri'eel baanan kan mataa bututtuu" jechuun bifa arrabsootiin xiqqeessee dhiheessa. Akka b'oo (30) fi (31) sirba kanaa irraa hubatamutti, ajajaan waraanaa Walda Gabri'eel jedhamu kun loltuu Oromoo Mucee Ahmad Mucee jedhame erga booji'ee booda lafa keessatti mormaa gadi lafa keessatti awwaalee itti taphachaa ture. Mucee Ahmad Mucee gootummaa guddaa irraa kan ka'e mormaa gadii awwaalamee osoo jiru icittii sitti himaa gadi jedhi jechuudhaan ajajaa loltoota Minilik II Walda Gabri'eel gurra tokko ciniinee akka irraa mure seenaan nidubbata.

Bo'oo (32) sirbichaa keessatti seenaan Yaayyaa Alii Siree dhihaate. Yaayyaa Alii Siree Minilik II waliif waggoota saddeetii oliif lolaa ture. Oromoon Arsii ganna saddeetii oliif Minilik II waliin wal-lolaa ture. Lolli kuni gooticha Oromoo Yaayyaa Alii Siree jedhamuun hogganamaa ture. Lolli kuni yeroo Minilik Oromoota Ituu wajjiin lolaa ture waan gaggeeffameef Oromoota Ituutiif akka gargaarsaatti akka fayyadetu himama. walumaagalatti, Minilik qofaa isaa Oromoo akka injifachuu hindandeenye bo'oo sirbichaa (34) fi (35) keessatti eeramee jira. Atsee Minilik Oromoo kophaa isaa cabsuu waan dadhabbeef humna biyya ormaatti fayyadamee Oromoo loluuf dirqamee jira. Artist Diriirsaa Elemoo yaada kana yeroo ibsu, 'Humnaan nu cabsanii malee dadaa mitii, gargaarsa argatan qawwee warra adii' jechuun ibsa. Minilik II qawwee ammayyaa warra Awurrooppaa irraa argateen Oromoo harka qullaa meeshaa

aadaatiin lolu dhiibbaa guddaa jala galchuuf carraa argate.

### 4.5 Hariiroo Sirbaafi Gaaffilee Qabsoo Oromoo

Akeekni qabsoo Oromoo gaaffilee qabsoon Oromoo gaggeeffamaa tureef akka deebii argatan taasisuudha. Qabsoon Oromoo gaaffilee diinagdee, ennyummaa, abbaa biyyummaa, birmadummaafi bilisummaa uuummata Oromoo akka deebii argataniif gaggeeffamaa ture. Uummanni Oromoo gaaffilee qabsoo Oromoo kanneen deebisuuf qabsoo hidhannoofi qabsoo karaa nagayaa gaggeessaa ture. Haata'u malee, artist Diriirsaa Elemoo uummanni Oromoo qabsoo hidhannoo qofaan osoo hintaane qabsoo karaa nagayaatti fayyadamee akka qabsaa'uu qabu sirba isaa keessatti yaada dhiheessee jira. Sirboota qabsoo Oromoo keessatti qabsoon karaa nagayaa akka tooftaa qabsootti akka hojirra ooluu qabu artistoonni sirboota isaanii keessatti dhimmi itti bahanii jiru.

(36) Gaaffii mirgaati gaafifin Oromoon gaafatuu

(37) Bilisummaadhaa gaaffiin qeerroon gaafachaa jirtuu

(38) Gaaffiin qeerroodhaa gaaffii abbaan biyyaa gaafatuu

(39) Dimshaashummatti gaaffii birmadummaa biyyaatii

(40) Dhiigaan malee hindeebituu roga hundaa finiinsaa

(41) Barayyuu booyuun fafaa garaa cabxee haayaaftuu

(42) Qoteebulaan jabaadhuu gaaffii mirgaa finiinsii

(43) Qabeenyi keetituu sibilisoomsaa

(44) Bahaaf dhihaan kaabaaf kibbaan

(45) Diina kan kee agabsii

(46) Ugurra dinagdeedhaa waliigalii itti labsii

(47) Itti muddii qochumaasii agabsii

(48) Gumaa Calii Calanqoof harka Muraa Aanolee

(49) Bilisummaadhaan baasiii, hayyee

Artist Diriirsaa Elemoo sirba isaa kana keessatti uuummata Oromoo qabsoo karaa nagayaatti kakaasuuf itti fayyadame. Sirbi qabsoo kana keessatti qabsoon Oromoo gaaffilee akkamii akka deebisuuf gaggeeffamaa tureefi gaggeeffamaa jiru akeekuuf yaalame. Yaada sirba qabsoo bo'oo (42) fi (43) keessatti dhihaate kanarraa wanti hubannuu qonnaan bulaa bulaa Oromoo lafee dugdaa qabsoo Oromoo ta'uusaati. Artistiin kun bo'oo sirbaa kana keessatti qoteebulaan jabaatee gaaffii mirgaa ofii dhiheessuu akka qabuufi gaaffiin isaa kunis deebii akka argatu karaa adda addaatiin dhiibbaa uumuu akka danda'uudha.

Karaa dhiibbaa kanneen itti uumu keessaa tooftaan jalqaba uggura diinagdee taasisuudha. Qoteebulaa kaabaafi kibbaa akkasumas bahaafi dhihaa waliigale uggura diinagdeetti fayyadamuun yoo oomisha isaa gabaatti fiduu dhiise biyyi rakkoo keessa seenti. Kunimmoo gaaffiin mirgaa qoteebulaan karaa nagayaatiin dhimmoota adda addaa irratti kaasu hatattamaan deebii akka argatu taasisa.

Kana malees, bo'oo sirbichaa (44) keessatti Oromoon kallattii hundaa ka'ee tokkummaan qabsaa'uu akka qabuu kallattii kaaya. Oromoo kallattii hundarraa ka'ee qabsoo karaa nagayaa yoo gaggeessee salphaatti diina injifachuu akka danda'uudha. sirbi kun Oromoon diinagdee isaa akka meeshaa qabsootti fayyadamuu akka qabu akka yabootti dhiheessa. Uummanni Oromoo diinagdee isaa gabaaf yoo dhiheessuu dhiisee diinni salphaatti akka harka kennachuu danda'u ibsa.  Haala kanaan uummanni Oromoo daaba harkaa qabutti fayyadamee yoo qabsaa'e gumaa Aanoleefi Calanqoo salphaatti baafachuu akka danda'uudha. Har'a irra taa'anii diina Oromoo moo'achuu danda'uun akka Gumaa Aanoleefi Calanqoo baafachutti fudhatamuu danda'a. Walumaagalatti, uumanni Oromoo qaama hawaasaa hundatti fayyadamee kallatti adda addaatiin yoo qabsootti ka'e diina isaa salphaatti injifachuu akka danda'uudha.

**5. Argannoo**

Xiinxala ragaalee adda addaa irraa hubachuun akka danda'amu argannoowwan armaan gadii ifoomaniiru. Qorannoon kun sirboota qabsoo artistoonni Oromoo Diriirsaa Elemoofi Qamar Yuusuf qabsoo Oromootiif sirban irratti xiyyeeffatee xiinxalameera.

Qorannoon kun hariiroo sirboota qabsoofi sabboonummaa Oromoo, akkaataa taateewwan seenaa Calii Calanqoofi Aanolee sirboota keessatti itti calaqqisan, akkasumas shoora sirboonni qabsoo gaaffilee qabsoo Oromoo dhiheessuu keessatti qaban xiinxalluuf gaggeeffameera. Bu'aan qorannichaa akka agarsiisutti, sirboonni qabsoo Oromoo keessatti dammaqina sabboonummaa cimsuu, eenyummaa Oromoo dagaagsuufi uummata kaayyoo waloo irratti gurmeessuu keessatti gahee olaanaa qabu.

Akka qorannichi mul'isutti, sirboonni kunneen ajjeechaa Calii Calanqoo irratti raawwatame bal'inaan ibsu. Lola Calii Calanqoo keessatti Oromoonni hedduun lubbuu isaanii dhabaniiru. Akka seenaa sirboota keessatti dhihaatetti, maqaan "Calii Calanqoo" jedhu lafee Oromoota yeroo sana dirree lolaa irratti tuulame irratti hundaa'uun moggaafame. Lolichi hojii gootummaa Bakar Waaree, Mucee Ahmad Muceefi Wadaay Galmoo Kormoosoo keessatti yaadatama. Warreen kun ajajoota

loltoota Murti Guutoo jedhamanii beekaman turan. Murti Guutoon garee saditti jechuun Garee Murti Guutoo, Garee Raareefi Garee Qeerroo jedhamanii bakka saitti qoodamanii turan.

Qorannichi taateewwan seenaa Calii Calanqoofi Aanolee sirboota qabsoo keessatti bal'inaan dhiyaatanii akka jiran mul'iseera. Artistoonni taateewwan kana yaadachiisuun gootota Oromoo faarsuu, miidhaa uummata Oromoo irra gahe ibsuufi yaadannoo seenaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf sirba akka meeshaatti fayyadamaniiru. Artistoonni rakkoolee siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa, aadaafi eenyummaa uummata Oromoo mudatan sirba qabsootti fayyadamuun ibsanii dhiheessu.

Sirboota isaanii keessatti namoota hojii gootummaafi fakkeenyummaa qaban faarsuun, namoota hojii gantummaa raawwatan balaaleffachuun uummanni irraa akka baratu taasisu. Haala kanaan gootota lola Calii Calanqoofi Aanolee irratti hojii gootummaa raawwatan kanneen akka Bakar Waaree, Mucee Ahmad Mucee, Yaayyaa Alii Sireefi Abbaa Gadaa Wadaay Kormoosoo faarsanii dhiheessuun uummanni akka fakkeenya godhatu taasisaniiru. Faallaa kanaatiin, Walda Gabri'eel, ajajaa waraanaa Minilik II ture, bifa qeeqaafi arrabsootiin "Walda Gabri'eel baanan kan mataa bututtuu" jechuun ibsaniiru.

Sirboonni qabsoo gaaffilee bu'uuraa uummata Oromoo kanneen akka eenyummaa, bilisummaa, haqaa, walqixxummaafi abbaa biyyummaa ifatti dhiheessuun hubannoo uummataa guddisuufi qabsoo Oromoo keessatti shoora mootummaa qeequu, uummata dammaqsuufi kaayyoo qabsoo ibsuu keessatti gahee guddaa akka qaban qorannoon mootummaa mul'iseera. Sirboonni Diriirsaa Elemoofi Qamar Yuusuf seenaa Oromoo, mootummaa cunqursaafi gaaffilee uummata Oromoo sirbatti fayyadamuun calaqqisiisu. Bara mootiin Minilik II daangaa babbal'ifataa ture sirboonni kunneen keessatti taateewwan suukanneessaan Aanoleefi Calii Calanqoo irratti raawwataman yaadachiisu.

Walumaagalatti, sirboonni qabsoo Oromoo hojii aartii qofa osoo hintaane, sabboonummaa cimsuu, seenaa tikfachuufi gaaffilee uummata Oromoo calaqqisiisuu keessatti meeshaa qabsoofi quunnamtii hawaasaa bu'a qabeessa ta'anii tajaajilaa jiraachuun isaanii qorannichaan mirkanaa'eera.

## 6. Goolaba

Argannoowwan qorannichaa irratti hundaa'uun, sirboonni qabsoo Oromoo meeshaalee cimaa qabsoo siyaasaafi aadaa karaa nagaatiin

gaggeeffamu ta'uun isaanii hubatameera. Sirboonni kunneen uummanni Oromoo komii siyaasaa isaa ittiin ibsatu, seenaafi muuxannoo darbe ittiin tikfatu, akkasumas hawwiifi kaayyoo waloo isaa ittiin ibsatu ta'anii tajaajilu. Sirboonni qorannoo kana keessatti xiinxalaman akka agarsiisanitti, sirbi hojii aartii qofa osoo hintaane, hubannoo hawaasummaafi siyaasaa guddisuu keessattis shoora olaanaa qaba.

Dabalataanis, sirboonni isaanii gaaffilee bu'uuraa qabsoo Oromoo gaaffii eenyummaa, bilisummaa, haqaa, walqixxummaafi abbaa biyyummaa irratti xiyyeeffachuun kaayyoo qabsoo Oromoo akka calaqqisiisan argameera. Artistoonni kunneen hojii isaanii keessatti seenaa uummataa tikfachuu, dammaqina siyaasaa guddisuu, aadaafi eenyummaa Oromoo jabeessuu akkasumas mootummaa sabboonummaa Oromoo cimsuu keessatti shoora olaanaa taphachaa jiru.

Sirboonni qabsoo Diriirsaa Elemoofi Qamar Yuusuf seenaa Oromoo, keessumaa taateewwan Aanoleefi Calii Calanqoo waliin walqabatan, dhalootaa dhalootatti dabarsuu keessatti gahee guddaa qabu. Sirboota kanaan taateewwan seenaafi yaadannoon waloo uummataa akka hinbadne taasifamuun eenyummaa aadaafi hubannoo seenaa Oromoo cimsuuf gumaacha guddaa taasifameera. Walumaagalatti, qorannoon kun akka agarsiisutti, sirboonni qabsoo Oromoo meeshaalee aadaafi siyaasaa murteessoo ta'anii seenaa uummataa tikfachuu, eenyummaa waloo cimsuu, gaaffilee hawaasummaafi siyaasaa ibsuu, dammaqina siyaasaa guddisuu keessatti shoora olaanaa qabu. Sirboonni qabsoo Oromoo meeshaa aadaafi siyaasaa cimaa ta'anii seenaa uummata Oromoo galmeessuu, yaadannoo waloo tiksuu, dammaqina uummataa guddisuufi hawwii abbaa biyyummaa uummata Oromoo jajjabeessuu keessatti gahee guddaa qabu.

**Wabiilee**

Admasu Shunkuri (1995). "The Influence of Abyssinian (Ethiopian) Political Culture on Oromo Nationalism and Rebellion", *Journal of Oromo Studies, Vol. 2, No 1 & 2.*

Asafa Jalata (2005). *Oromo nationalism and globalization: Theoretical and organizational perspectives*. Palgrave Macmillan.

Asafa Jalata (1997) "Oromo Nationalism in the New Global Context" *Journal of Oromo Studies, Vol. 4, No 1 & 2.*

Assefa Tefera (2015) Ethnography of Resistance Poetics: Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance

Culture, Unpublished PhD Desertation, Indiana University.

Askew, Kelly M (2003). As Plato Duly Warned: Music, Politics, and Social Change in Coastal East Africa. In: Anthropology Quarterly, 76 (4): 609-637.

Biko, S. (1978). I Write What I Like. London: Penguin**.**

Denisoff, R (1972). Sing a Song of Social Significance. Bowling Green Bowling Green University Popular Press, 1972.

Diriirsaa Elemoo (2020) Calanqoofii Aanolee, https://youtu.be/TLGdMN384sc?si=6Tp437pMMizB3su3

Doresse, J (1959). Au pays de la Reine de Saba L' ETHIOPIE Antique et Moderne. London: Elek Book.

Echeruo and Michael, J (1975). The Dramatic Limits of Igbo Ritual" in Bernth Lindfors (Edn.) Critical representative on Nigerian Literatures. London: Three Continent Press.

Gnamo, A. H (2014). *Conquest and Resistance in the Ethiopian Empire, 1880–1974: The Case of the Arsi Oromo*. Brill.

Huseen Indheessaa (2008). Seenaa Qabsoo Oromoota Baaleefi Olloota Isaa (18891-1991). Jildii I. Itoophiyaa, Finfinnee. Mana Maxxansa Boolee.

Jeylan Woliyi (2004). Cultural representation and Oromo identity. *African Study Monographs*, 25(2), 81–101.

Kemer Yusuf (2014) Iyyaa iyya dabarsaa, Minilik Bineensaa https://youtu.be/TeDE5ntpKjk?si=jYk1MJw6lcg4Q--6

Lencho Leta (1998). "Peculiar Challenges to Oromo Nationalism," in Oromo Nationalism and the Ethiopian Colonial Discourse: The Search for Freedom and Democracy", Asafa Jalata (ed). Lawrenceville, NJ: The Red Sea Press.

Middleton, R (1990). Studying popular music, Buckingham: Open University Press.

Mohammed Hassen (2007). *Conquest, Tyranny, and Ethnocide against the Oromo: A Historical Assessment of Human Rights Conditions in Ethiopia, ca. 1880s–2002. Northeast African Studies, 9*(3), 15–49.

Mohammad Hassen (1990). *The Oromo of Ethiopia: A history 1570–1860*. Cambridge University Press.

Muhaammad Sa'id (2004). Seenaa Qabsoo Oromootaa. Itoophiyaa, Finfinnee.

Nkoala, S (2020). "Songs that shaped the struggle: *A rhetorical analysis of South African struggle songs*", pp. 7-16.

Rosenthal, R, & Richard, F (2011). Playing for Change: Music and Musicians in the Service of Social Movements, Boulder, CO: Paradigm Publishers, Wesleyan

Sellnow, D. & Sellnow, T (2001). *The Illusion of Life rhetorical perspective: an integrated approach to the study of music as communication. Critical Studies in Media Communication, 18* (4), 395-415.

Thompson, L (1990). A History of South Africa. New Haven: Yale University Press.